Kutaa 4

Hojii Dhiiraafi Dubartii

Leveled



Afaan Oromoo

Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa ‘USAID’ irraa argameen Dhabbata ‘Save the Children’ fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa’ee kan maxxanfamedha.


Bara 2009/2017

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/

Hojii Dhiiraafi Dubartii

Kutaa 4



Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.
- Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffiilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaaniis akka walyaadachiisan taasisi.
- Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.
- Dhumarratti, gaaffiilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.

Gaaffiilee dubbisuun duraa

1. Mana keessan keessaa eenyutu nyaata qopheessa?
2. Abbaafi haati kee hojii akkamii hojjetu?
3. Fakkiin armaan gadii maal sitti agarsiisa?



Boqonnaa 1: Adda Addummaa Koornayaa

Dhalli namaa adda addummaa baay'ee qaba. Addaddumma kana keessaa inni tokko koornayaa bu'uureffata. Koornayaa irratti hunda'uun dhalli namaa dhiiraafi dubartiitti qoodama. Dhiiraafi dubartii ta'uun dhalootaan yookaan uumamaan kan jirudha.

Dhalli namaa gaafuma dhalatu dhiira yookiin dubartii ta'ee dhalata jechuudha. Garaagarummaan

gama kanaan jiru dhaabbataadha. Jijjiiruunis ta'e waljijjiiruun hindanda'amu. Dhiira yookaan dubartii ta'uunis garaagarummaan bu'uuraa jira.

Wantootni uumamaan dhiiraafi dubartii garaagara taasisan jiru. Isaan keessaa inni bu'uuraa qaama isaaniiti. Walqunnamtii dhiiraafi dubartiitiin kan mucaa garaatti baatu dubartiidha. Garatti baattee kan turtus ji'oota sagaliifi walakkaafi.

Mucaa ji'oota sagaliifi walakkaaf garaatti baattee da'uunis gahee dubartiiti. Gaheen kunis dirqama biraa waliin jira. Akkuma garaatti baattee deesse dirqama harma hoosisuu kan qabus dubartuma. Kun uumamumaan gahee dubartii ta'ee argame malee kan namni taasise miti.

Garaagarummaan uumamaan dhiiraafi dubartii gidduu jiru kun walcaalmaa hinagarsiisu. Kana jechuun dubartiin sababa mucaa deessee hoosistuuf dhiiraa gadi miti. Dhiirris sababa da'ee hinhoosisneef dubartii hincaalu. Jarri akka walqixxummaan waliin jiraataniif Waaqatu walbiratti uume.

Tarii sababa yeroo da'umsaa dhiigni dhangala'uuf, anniisaan dubartii kan dhiiraatii gadi ta'uu mala. Kana malees, yeroo garaatti baattus haata'uu yeroo hoosistu daa'imni waan ishiin nyaattuufi dhugdu irraa qooddachuu dandeessi. Kun ammoo akka dhiira isa wanti inni nyaatu isa qofaaf ooluu bifaan guddachuu dhabuu malti.

Dhiirriifi dubartiin walhoranii lafarra akka guutanis seeruma uumamaati. Seera uumamaa Kanaan dhiiraafi dubartiitu gaa'ila godhata. Gaa'ila boodas dhiiraafi haadha warraa ta'u. Garaagarummaa uumaman dhiira yookaan dubartii ta'uun qaban, kan armaan olitti ilaalles qabatanii walitti dhufu.

Hormaataafis dhiirriifi dubartiin walitti dhufuun dirqama. Dhiira yookaan dubartiin qofaa qofaan walhoruu hindanda'an. Kana jechuunis hormaanni kan milkaa'uu, walitti dhufeenya qaamolee kana lamaaniitiin. Kana ammoo Waaqatu taasise.



Boqonnaa 2: Qoodiinsa Hojii Walcaalmaa Koornayaa Agarsiisu

Koorniyaan gahee hojii dhiiraafi dubartii kan akka aadaatti ilaalamudha. Hawaasa baay'ee biratti hojiin dhiira yookaan dubartii qofaaf jedhamu tureera; ammas darbee darbee jira. Gaheen hojii kun ammoo isa uumamaan dhiiraafi dubartii gidduu jiru bu'uureffata. Haata'u malee, akka isa uumamaan jiruu walqixxummaa dhiiraafi dubartii hinagarsiisu.

Gaheen hojii hawaasni dhiiraafi dubartiif qoodu keessaa muraasni hojii mana keessaafi isa manaan alaati. Akka aadaatti hojiiwwan mana keessaa dubartii qofaatu hojjeta ture. Hojiiwwan kana keessaa inni tokko daa'ima kunuunsuudha. Daa'ima fincaaniifi boolii ishii irraa miiccuun kunuunsitee guddisuun akka gahee dubartiitti ilaalamaa ture.

Kana malees, nyaata qophessuun hojii mana keessaati. Yeroo dheeraaf hojiin kunis akka gahee dubartii qofa ta'eetti ilaalamaa ture. Itti dabalees, hojiiwwan manaan alaa kanneen akka qoraan cabsuufi bishaan waraabuus dubartiitiif qoodamee ture. Qoraaniifi bishaan itti dhama'anii fidanii nyaata qopheessuun akka ga'ee dubartii qofaatti ilaalamaa ture. Dhiirri nyaata qophaaye nyaachuu malee hojiinsaa akka isa ilaallatutti yaadaa hinturre. Ammas darbee darbee jira.

Haaluma kanaan dubartiin hojii mana keessatti daangeffamtee turte. Kun ammoo carraa hojiiwwan manaan alaa kessatti hirmaachuu isaan dhabsiise. Hojiiwwan manaan alaa keessatti hirmaachuu qofas osoo hintaane, murteen ishiin laattus xiqqaachaa dhufe.

Dhiiri hojii manaan alaa qofa akka hojjechuu qabutti ilaalamaa jira. Hojiiwwan manaan alaa kunis qonna, barumsa, hojii biiroo walga'ii jaarsummaafi wkf ta'uu malu. Hojii qonnaa keessatti dubartiin hinhirmaattu jechuu osoo hintaane murteessaan dhiira jechuudha. Barumsis yeroo dheeraadhaaf gahee dhiiraa ta'ee ilalamaa ture.

Barachuun akka gahee dhiiraa qofatti ilaalamuun ammoo akka ijoolleen dhiiraa qofti mana barumsaa deeman taasise. Qabata kanaan biyya keenya keessatti yeroo ammaa namoonni hojii mootummaas ta'e kan dhuunfaarratti bobba'anii jiran baay'inaan warra dhiiraati. Hojii mootummaa keessa lakkoofsi dubartootaa gadaanaa akka ta'us kanumatu taasise.

Gama biraatiin, walga'ii dhaquun akka gahee dhiiraatti ilaalamaa ture. Walga'iinis bakka itti murteen hawaasummaas ta'e dinagdee darbu waan ta'eef, murtee kana kennuuf ammoo dhiiratu barbaadama. Dubartiin murtee waa'ee dinagdeefi hawaasummaa keessaa qooda hinqabdu turte jechuudha. Isa dhiiraan murtaa'e hojiirra oolchuuf garuu nidirqamti turte.

Kana malee, namoota waldhaban araarsuun gahe dhiiraa yookiin jaarsaa ture. Kana jechuun dubartiin yookaan jaartiin jaarsummaa taa'uu hindandeessu turte jechuudha. Kunis gahee dubartiin waldhabdee furuu keessatti qabdu xiqqesse. Gabaabumatti, gahee hojii dhiiraa manaan alatti, kan dubartii ammoo mana keessatti dangeffamee ture.



Boqonnaa 3: Hojii Walqixxummaa Koornayaa Agarsiisu

Jijjiirama siyaasaafi babal'ina barumsaa bu'uureffachuun gaheen hojii dubartiifi dhiiraa jijjiiramaa jira. Dubartiin, kan duraan gaheen hojii ishii mana keessatti daangeffamee ture isa manaan alaatti hirmaachuu eegalte. Dhiirris, kan duraan hojiin mana keessaa akka gahee dubartii qofaa

ta'eetti yaadaa ture, isas akka ilaallatu hubachuun hirmaachuu eegale.

Hubannoo kanaan, dubartiin hojii manaan alaa kanneen akka qonnaa, barnootaafi walga'ii irratti qooda fudhachuu eegalte. Dhiirri ammoo hojii mana keessaa kanneen akka buna danfisuu, huccuu miiccuu, buddeena tolchuu keessatti qooda fudhachuu jalqabe. Haallan kun ammoo waqixxummaa dhiiraafi dubartii dhugoomsaa dhufe.

Walqixxummaa dhiiraafi dubartii dhugoomsuurratti fakkeenya gaarii kan ta'an Aadde Qananiifi Obbo Dheeressaa fudhachuun nidanda'ama. Aadde Qananiifi Obbo Dheeressaan haadha warraafi dhiiraati. Kan jiraatanis Godina Shawaa Bahaa Ganda Yaayyaa keessa. Erga gaa'ila dubartii waggoota shan yoo ta'u, ijoolee lama qabu.

Obbo Dheeressaan ganama ganama akkuma irribarraa ka'een laga bu'ee bishaan waraaba. Yeroo inni laga dhaqu, Aadde Qananiin ammoo abidda qabsiistee buna akoofti. Obbo Dheeressaan akkuma lagaa dhufeen huubboo bishaan itti fide lafa keewwatee buna akaa'ame tumuutti ce'a. Yeroo kana ishiinis jabanaatti bishaan naqxee abidarra keessi.

Yeroo jabanaan danfus Aadde Qananiin buna abbaan warraa ishii tume harkaa fuutee itti naqxi. Cinaatti ammoo shaarfaa bunaa qopheeffatti. Gaafii akaayii garbuu yookaan akaayii boqqolloo akoofti. Gaafii ammoo biddeen furdaa tolchiti.

Haala kanaan Aadde Qananiifi abbaan warraa ishii walgargaaruun buna danfifatu. Ollaa isaanii waamaniis dhugu. Yeruma mara namoota ollaa isaanii dursuun buna danfisanii yaamu. Sana booda, gara hojii biraatti ce'u.

Yoo yeroon isaa ganna ta'e walqabatanii qonnatti bahu. Yeroo kana yeroo inni qotu ishiin nicirti. Yeroo inni ciru ammoo ishiin niqotti. Aramaas yoo ta'e walumaan aramatu.

Hojii qonna isaanii kanas nama dura itti bahu. Bariidhan ka'anii walgargaaranii buna isaanii danfifatanii waan dhuganiif, wanti duubatti isaan harkisu hinjiru. Sangoota isaaniis barii subii margatti waan bobbaasaniif, akkuma isaan barbaadanitti qotuuf. Kanaafuu, oyiruun isaanii haalaan waan hojjetamuuf, midhaan akka gaariitti biqilaaf.



Boqonnaa 4: Walgargaaranii Midhaan Calleessuu

Aadde Qananiifi Obbo Dheeressaan tibba Birraas walgargaaranii oomisha isaanii calleeffatu. Tibba kana nyaata isaanii waliin bilcheeffatanii gara hojii deemu. Akaakuun midhaanii isaan calleessanis qamadii, garbuu, omboriifi xaafiidha. Akaakuu midhaanii kanas dabareedhaan calleessu.

Gaaf tokko qamadii calleessu. Isa calleessan kanas qulleessanii gombisaatti galchatu. Gaafa biraa ammoo garbuu calleessu. Kanas dabareedhuma isaatiin gombisaa biraatti galchu. Omboriinis akkuma kana dabaree isaa eeggatee calleeffamee manatti gala.

Dubartiifi abbaan warraa hojii qonnaa isaanii kanatti kan daboo kadhatan yoo hojichi humna isaaniitii ol ta'edha. Guyyaa daboo kadhatan ammoo kan hojicha hojjetan namoota daboo bahaniifidha. Guyya akkasii sangoota isaaniitiinis kan qotuuf ollaadha. Aadde Qananiifi Obbo Dheeressaan garuu waan daboo isaanii ittiin galfatan qopheessu.

Wanti daboo isaanii ittiin galfatan kunis nyaataafi dhugaatii ta'a. Buddeenni kan qophaa'u yoo daboon sun kan lafa qonnaa ta'edha. Daboon lafa garbuu yookaan lafa qamadii qotuuf kadhatan laaqanarratti buddeena nyaatu. Galgala ammoo nyaataafi dhugaatiitu dhihaata.

Daboon qamadii yookaan garbuu dha'ichaaf kadhatan garuu ganama akkuma oobdiitti jigsaniin farsoo dhugu. Farsoon yeroo kana dhugamu qucee jedhama. Namoonni garbuu yookaan qamadii oobdiitti jigsan halkan keessaa sa'a sagalitti ka'u. Kunis osoo lafti hinbari'in oobdiitti jigsanii fixuuf. Farsoo qucee warri dhuganis jaruma qamadii yookaan garbuu obdiitti jigsan kanadha.

Guyyaa ammoo daabboo qamadiif farsootu dhiyaataaf. Namoonni daboo dhufan hunduu daabboo isaanii cuffachaa farsoo ammoo ulleedhaan habbuuqqatu. Wantoonni nyatamanii dhugaman kun marri garuu guyyaa daboo sana dursanii qophaa'u. Aadde Qananiifi Obbo Dheeressaanis guyyaa daboo isaanii warruma kana qopheessuuf ko'oommatu. Osoo daboon hinbeela'inis biraan ga'u.

Kanaafuu, namoonni Aadde Qananiifi Obbo Dheeressaan daboo kadhataman hinoolan. Akkuma isaan araddaa isaaniitti ganamaan bahatan, isaanis ganamaan itti bahuuf. Namoonni daboo isaanii dhaqan hunduu humna isaaniis ta'ee yeroo isaanii hinwaakkatan. Garaa guutuudhaan hojjetuuf.

Dubartiifi abbaan warraa kunneen lamaanis yeroo namaaf daboo dhaqan, fakkeenyummaa gaarii qabu. Hojiin isaan keessa jiran nimiidhaga. Humnaafi yeroo isaaniis hinqusatan. Akkuma kan mataa isaaniitti namaafis hojjetu. Kanarraan kan ka'e, warra qophee jechuun ollaan maqaa masoo baaseef.

Gaaffiilee dubbisuun boodaa

1. Aadde Qananiifi Obbo Dheeressaan ganama ka'anii maal hojjetu?
2. Gaheen hojii Obbo Dheeressaa maali?
3. Abbaan kee buna danfisuun sirriidha moo sirrii miti jettaa? Maalif?

Torban 2
Kutaa 4

Dhiibbaa Manca'iinsa Bosonaa

Leveled




Afaan Oromoo

Torban 5
Kutaa 4

Akaakuufi Faayidaa Geejjibootaa

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 6
Kutaa 4

Ilmoo Tujaara

Leveled




Afaan Oromoo

Torban 10
Kutaa 4

Gargaarsa

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 11
Kutaa 4

Hojii Dhiiraafi Dubartii

Leveled




Afaan Oromoo

Torban 13
Kutaa 4

Daawwannaa

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 15
Kutaa 4

Daawwii Garee

Leveled




Afaan Oromoo

Torban 16
Kutaa 4

Bishaan Daakuu

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 20
Kutaa 4

Qusannoo Bishaanii

Leveled




Afaan Oromoo

Torban 24
Kutaa 4

Dhaamsa Haadhaa

Leveled




Afaan Oromoo

Torban 27
Kutaa 4

Haadha Bariisoo

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 27
Kutaa 4

Gabaa Markaatoo

Leveled



Afaan Oromoo